Rippabiliika
Federaalaa
Jarmanii

# WAA'EE KOOLUUGALTUMMAAF IYYACHUU WANTA BEEKUU QABDAN

## ODEEFFANNOO DAA'IMMAN QOFAA JIRANIIF




Akkam jirtu, nuti ijoollee biyya adda addaa irraa dhufnedha. Eegumsa barbaaduuf osoo garain Jarman hin dhufiin dura imala dheeraa deemneerra. Ofii keenyaan, maatii keenya malee dhufne.
Akkam. Maqaan koo Liisaa jedhama. Waa’ee kooluugaltummaa iyyachuu (eegumsa idil-addunyaas jedhama) wanta beekuu qabdan isiniif ibsuufan deema.

# Eegumsi idil-addunyaa maali?







Namni tokko achitti balaan waan isa mudatuuf gara biyya isaatti deebi’uu yoo dadhabe, eegumsa idil-addunyaa argachuun biyya eegumsa kana isaaf kennite keessatti nagaa ta’ee turuu danda’a.

Eegduun keessan eenyu akka eegumsa idil-addunyaa argachuu danda’uu fi adeeemsi isaa maal akka ta’e caalaatti isiniif ibsa.

Awurooppaatti, eegumsi idil-addunyaa koolugaltummaa, haala baqataa ykn eegumsa gargaaraa jedhamuus ni danda’a. Tarii jecha kooluugaltummaa jedhu duraan dhageessaniittu ta'a. Waa'ee eegumsa idil-addunyaa yeroon dubbadhu jecha kooluugaltummaa jedhutti fayyadama waan ta'eef yaadachuun isiniif salphata.

## Yaadadhaa, amma nagaa keessanii.


Awurooppaa keessatti namni hundi eessaa akka dhufe, amantii isaa ykn halluu gogaa isaa osoo hin ilaaliin walqixa ilaalama.





Awurooppaatti namni umuriin isaa waggaa 18 gadi ta'e hundi akka daa'imaatti ilaalama.

Akka daa'imaatti mirga addaa qabdu. Nageenyi fi fayyummaan keessan baayyee barbaachisaa dha.



Qondaalota adda addaa, kan akka hojjetoota aangawoota kooluugaltummaa qunnamuu dandeessu, akka armaan gaditti ibsametti. Waa'ee keessanii fi imala keessan gara Awurooppaa gaaffii isin gaafatu.

Yaadadhaa, qondaaltonni isin eeguu fi wanta isiniif gaarii ta'e murteessuuf as jiru.

Yeroo hunda waan yaaddan, maal akka isin barbaachisu fi miira isinitti dhagahamu qondaaltotaaf qooduu dandeessu.



# Eegduun eenyu?





Maatii keessan malee as waan dhuftaniif, aangawoonni nama guddaa eegduu jedhamu isiniif ramadanii isin deeggaru.

Eegduu jechuun nama ijoollee warra isaanii ykn nama guddaa biraa itti gaafatamummaa isaanii fudhatu osoo hin qabaatiin Awurooppaa gahan gargaarudha.

Eegduun dhiiras ta’e dubartii ta’uu danda’a. Eegdonni bakka bu’oota ykn guddistuu jedhamus ni danda’u.

Yoo hanga ammaatti eegduu keessan waliin wal hin argine ta'e daftanii isaan qunnamtu.

Yeroo tokko tokko, aangawoonni jalqaba hanga eegduu dhaabbataa keessan wajjin wal argitanitti eegduu yeroof isin deeggaru ramaduu danda’u.






Eegduun waa'ee turtii keessanii waan beekuu qabdan hunda ibsuu fi murtoo barbaachisaa ta'e akka gootan isin gargaaruuf isin bira jiru. Fakkeenyaaf, eegduun iyyata kooluugaltummaa keessan irratti isin gargaaru, adeemsa isiniif ibsu, mirgaa fi dirqama keessan ni ibsu akkasumas walgahii aangawoota waliin taasifamu irratti isin waliin ni hirmaatu.

Yeroo hunda yaada keessan eegduutti himuu, gaaffii isaan gaafachuu fi yoo waa barbaaddan itti himuu dandeessu. Isaan isin deeggaruuf isin cina jiru.



Yoo eegduu keessan waliin rakkoon isin mudate qondaaltottatti / Hojjettoota dargaggoota ykn abbaa taayitaa koolugaltummaatti himaa. Iyyata kooluugaltummaa keessan irratti dhiibbaa hamaa hin geessisu.



# Yeroo adeemsichaa gargaarsa akkamiitu kennama?





bakka turtii nageenya qabu



uffannaa



wantoota biroo isin barbaachisuu danda'an



nyaata



gara doktoraatti deemuus ni dandeessu



mana barumsaa ni deemtu



Bakka isiniif gaarii ta'e jiraattuakkasumas umurii keessan irratti hundaa'uun gargaarsa isin barbaachisu ni argattu

# Kooluugaltummaa gaafadheera, amma maaltu ta'a?






Jalqaba irratti, iyyanni keessan galmaa’uu fi galfamuu qaba.

Iyyanni keessan erga kooluugaltummaa gaafattanii guyyoota, guyyaa walfakkaataatti galma'ee gala.

Eegduun keessan / Eegduun yeroo keessan / Ga’eessonni bakka isin jiraattatti hojjetan waa’ee guyyaa / guyyoota fi sa’aatii / sa’aatiiwwan isin beeksisu eegduun keessan immoo gara aangawootaatti isin waliin deema.

Yeroo adeemsa kanaa eegduun keessan isin waliin ni jiraatu.



Yeroo galmee fi iyyata galfannaa kanneen armaan gadiitu ta'a...





Sanadoota eenyummaa of biraa qabdan hunda (paaspoortii, waraqaa eenyummaa fi kkf) qondaaltotatti ni agarsiiftu.

Isinii fi meeshaalee dhuunfaa keessan sakatta'amuun ni danda'ama. Angawoonni meeshaa keessan xiqqoo tursiisuu danda'u, garuu meeshaalee balaa qaban malee waan hunda isiniif deebisu.





Suurri keessan ni fudhatama.

Ashaaraan qubaa keessan ni fudhatama.



doktora dubbisuu dandeessu



- qondaalli tokko waa’ee keessan fi waa’ee maatii keessan Awurooppaa keessa jiranii gaaffii isin gaafata
- odeeffannoon dabalataa ni funaanama:



qondaalli tokko odeeffannoo quunnamtii keessan (teessoo fi lakkoofsa bilbilaa) akka kennitan isin gaafata.



Gaaffiiwwan dabalataa waa’ee kanneenii ni gaafatamtu:

- isinii fi maatii keessan
- biyya keessanii fi iddoowwan kanaan dura jiraattan
- maaliif biyya keessanii akka baatanii fi maaliif deebi'uu akka hin barbaanne
- akkamitti gara Jarmanitti tti akka imaltan





# Yaadadhaa!

Eegduu keessan waliin haasa'uu fi qaamolee kooluugaltummaa waliin hojjechuun baay'ee barbaachisaadha.

Wanti isin eegduu keessanitti ykn qondaaltotatti himtan iccitii ta'ee hafa. Kana jechuun odeeffannoon isin isaaniif kennitan gonkumaa mootummaa biyya keessaniifis ta'e ummata sodaattaniif hin qoodamu.






Yeroo adeemsa kooluugaltummaa Jarman keessa nan turaa?



Galmeen booda, aangawoonni biyyi kam iyyata keessan akka qorattu ni murteessu. Jarman yookaan biyya Awurooppaa kan biraa ta'a. Biyya filachuu hin dandeessan, garuu fedhiin keessan yaada keessa ni galfama. Aangawoonni kana isiniif ni ibsu.

Jarman

Biyya Awurooppa a Biraa





Yeroo galmee kanneen kana aangawootatti himuun keessan barbaachisaa dha:

- yoo maatii biyya Awurooppaa biraa keessaa qabaattan
- yoo kanaan dura biyya Awurooppaa kan biraatti kooluugaltummaa gaafattaniittu ta'e.

Awurooppaa keessaa maatii yoo qabaattan, waa'ee maatii keessanii waan beektan hunda qondaaltotatti himuun barbaachisaadha. Biyya kana keessas ta'e biyya isaan jiraatan keessatti isaan waliin turuun ni danda'ama.

Maatiin keessan eessa akka jiran yoo hin beekne, ykn isaan waliin qunnamtii yoo dhabdan, maatii keessan argachuuf eegduu keessan / qondaaltota gargaarsa gaafachuu dandeessu.



# Galmee fi galfannaan booda maaltu ta'a?





Erga galmooftee booda sanada (yeroodhaaf) iyyachuu fi galmaa'uu keessan agarsiisu ni argattu.

Erga galmooftanii iyyata keessan galchitanii booda sanada koolu galtummaa akka gaafattan ibsu isiniif kennama. Sanadni kun barbaachisaa waan ta'eef akka gaariitti kunuunsaa. Bakka bultan irraa yeroo baatan ykn aangawoota waliin walga'ii yeroo qabaattan hunda of biraa qabadhaa.



# Qondaaltonni akkamitti umuriikoo beeku?





Yoo sanada umrii keessan mirkaneessu hin qabnee fi aangawoonni umrii keessan irratti shakkii yoo qabaatan, hojjettoonni aangawoota koolugaltummaa qorannoo umurii keessa akka darbitan isin gaafachuu danda'u. Kun shaakala umurii keessan tilmaamuuf gargaarudha.

Umurii keessan tilmaamuuf karaaleen adda addaa jiru.

Fakkeenyaaf, sanadoota isin dhiheessitan ykn af-gaaffii qondaalota ykn ogeeyyii adda addaa waliin taasiftan irratti hundaa'uu danda'a. Shakkiin dabalataa yoo jiraate qorannoo fayyaa akka gootan gaafatamuu dandeessu. Haala kana keessatti isinii fi guddisaan keessan hayyama akka kennitan ni gaafatamtu.

Madaalliin umurii waggaa 18 ol ta'uu keessan yoo hime akka nama guddaatti ilaalamtu. Haala kana keessatti odeeffannoo dabalataa ni argattu.





Aangawoonni namni tokko isin miidhe jedhanii yoo yaadan, doktora akka ilaaltan yaada isiniif dhiyeessu.

Bu’aan sakatta’iinsa yaalaa yeroo iyyata keessan qoratan tilmaama keessa ni gala.




Iyyanni keessan erga galee booda, af-gaaffii dhuunfaa tokko ykn isaa ol gochuu dandeessu.

Kana jechuun qondaalli tokko waa'ee keessan, maaliif biyya keessanii akka baatan fi maaliif deebi'uu akka hin barbaanne gaaffii dabalataa isin gaafata. Angawoonni af-gaaffii irratti akka hirmaattan yoo isin gaafatan, irratti argamtanii waan yaadachuu dandeessan hunda itti himuu qabdu. Af-gaaffiin dhuunfaa sagaleedhaan kan waraabamu ta'a.

Eegduun keessan yoomii fi eessatti af-gaaffii akka raawwatamu isinitti hima, yeroo af-gaaffii isin deeggara.



# Afaan qondaaltotaa yoon hubachuu dadhabe maaltu ta'a?





Yoo afaan qondaaltotaa hin hubanne, namni afaan hiiku kan afaan keessan dubbachuu danda'u akka hubattaniif isin gargaara.

Namni afaan hiiku dhimma keessan irratti waan jedhame hiikuu malee gahee biraa hin qabu. Wanti isin qondaala dhimmichaa fi nama afaan hiikutti jettan iccitii ta'ee hafa.

Waan caalaatti isinitti tolu irratti hundaa'uun, nama af-gaaffii ykn nama afaan hiiku dubartii ykn dhiira akka ta'u gaafachuu dandeessu. Yoo jiraatan ni dhiyaatu. Yoo dubartii ykn dhiira filattan dafaatii fi af-gaaffii dura eegduu keessanitti himaa.



# Waliigalaan yeroo hangamii fudhata?







Af-gaaffiin booda wanti isin ibsitan hundi ni qoratama.

Guyyaa galfattanii kaastanii murtoo keessan fudhachuuf hanga ji'oota 6 eeguu qabdu. Yeroo tokko tokko, yeroo dheeraa fudhachuu danda'a, garuu ji'oota 21 ol fudhachuu hin qabu. Eegguun rakkisaa ta'uu danda'a garuu obsaa. Aangawoonni murtoo sirrii isiniif murteessuu barbaadu.

Yeroo hundumaa eeguu irratti gargaarsa yoo si barbaachise eegduu keessan gaafachuu dandeessu.



Hiriyaan tokko akka jedhetti aanga’oonni iyyata kooluugaltummaa isaa hin ilaalan. Maaliifi?





Aangawoonni jalqaba iyyata kooluugaltummaa qorachuun barbaachisaa ta’uu fi dhiisuu isaa sakatta’u.

Aangawoonni yoo duraan biyya biraa keessatti eegumsi isiniif kenname ykn biyya nageenya qaba jedhanii fudhatan irraa dhuftan ta’e iyyata keessan guutummaatti qorachuu dhiisuu danda’u.

# Murtoo akkamiin fudhadha?





Aangawoonni koolugaltummaa akka isin barbaachisuu ykn filannoowwan biroo isiniif ta’an yoo jiraatan ni murteessu.

Murtichi isiniif ibsama.



Murtiin gadhee yoo isiniif kennamee fi isin ykn guddistuun keessan irratti walii hin galle yoo ta’e murtii sana mana murtiitti geessuun mormuu dandeessu. Kunis ol iyyannoo jedhama.






# Waa'ee adeemsa kooluugaltummaa odeeffannoo dabalataa akkamittan argadha?





Eegduu keessaniin alattis, gorsitoonni seeraa adeemsa koolugaltummaa, mirgaa fi dirqama keessan isiniif ibsuu danda’an jiru.

Akkamitti akka isaan qunnamtan eegduu keessan gaafadhaa.



Abbaan seeraa akka isin gargaaru yoo barbaaddan, eegduu keessan ykn qondaala biraa wajjin haasa’aa.





# Abukaatoon eegduu keessan waliin ta'uun isin gargaaru:



af-gaaffii aangawoota waliin taasifamuuf qophaa’uu.



qondaaltota kooluugaltumma a waliin haasa’uu



murtii iyyata kooluugaltummaa keessan irratti kenname hubachuu fi yoo isin ykn guddisaan keessan murtii sana irratti walii hin galle ta’e ol’iyyannoo gaafachuu.



Akkasumas yeroo adeemsa kooluugaltummaa keessanitti yeroo barbaaddanitti UNHCR qunnamuu dandeessu.

UNHCR kooluugaltootaa fi baqattoota ni deeggara, ni eega.

Namoonni UNHCR keessatti hojjetan kooluugaltootaaf odeeffannoo fi gargaarsa ni kennu.

Odeeffannoo dabalataa https://help.unhcr.org/ irraa argachuu dandeessu.



UNHCR
The UN Refugee Agency

# Nagaa koo miti yoo ta'e ykn yeroo hundaa yoon yaadda'e akkamittan gargaarsa argadha?





Bakka jiraachaa jirtan eegduu keessan, qondaala ykn hojjettoota bakka sana hojjetanitti himaa kunis yoo:















Namni wayii isin miidhe


Miirri gaddaa, aarii, sodaa yoo isinitti dhagahame ykn rafuun isinitti ulfaate

Rakkoolee biroo kan akka qaama miidhamummaa ykn dhukkuba qabaattan ykn yoo ulfa taatan

Haala akkasii keessatti gargaarsa ni argattu

Dirqama nan qabaa?





Eeyyee

Seeraa fi dambii biyya kanaa hordofuu qabdu.

Seera ykn dambii irratti shakkii yoo qabaattan, eegduu keessan gaafadhaa.




Bakka eegduun keessan akka turtan isinitti himan turuu qabdu.

Angawoonni bakka isiniif filu. Eeyyama aangawoota malee hin miliqiinaa ykn hin ba'iinaa.



Qondaaltota waliin ta'uun hojjechuu qabdu.

Yeroo gaafatamtan gaaffii isaanii deebisuu fi qajeelfama isaanii hordofuu qabdu.



Yeroo aangawoonni gaafa gaaffii isin gaafatan dhugaa dubbadhaa waan beektan hundas itti himaa.

Wanti isin jettan iyyata keessaniif baay'ee barbaachisaadha.

Waan hundumaa yaadachuu dhiisuu dandeessu, gaaffilee hundaaf deebii kennuu dadhabuus dandeessu. Yoo yaadachuu dadhabdan deebii hin kalaqiinaa, akka hin yaadanne ibsaa.

Beellama hunda aangawoota waliin taasifamu irratti argamuun dirqama.

Beellamni kun baayyee barbaachisaa dha. Guyyaa fi yeroo kennametti dhiyaachuu qabdu.







Odeeffannoo quunnamtii sirrii ta’e kennuu qabdu.

Odeeffannoo fi beellama hunda akka argattan mirkaneessuuf teessoo ykn lakkoofsa bilbilaa aangawootaaf kennuu qabdu. Eegdonnis odeeffannoo kana kan argatan yoo ta’u, beellama keessan isin yaadachiisuu danda’u. Yoo odeeffannoon quunnamtii keessan jijjiirame, eegduu keessan fi hojjettoota aangawoota kooluugaltummaatti himaa. Isin argachuu danda’uun isaanii barbaachisaa dha.

Sanadoota qabdan hunda aangawootaaf kennuu qabdu.

Sanadoota qabdan hunda kan isiniin walqabataniifi sababoota biyya keessan keessaa baatan hunda isaaniif kennaa. Kunis sanada eenyummaa (paaspoortii), ragaa dhalootaa ykn mana barumsaa, sanada yaalaa ykn sanadoota biroo ni dabalata.

Odeeffannoo fi sanadoota hunda daftanii galchuu qabdu.

Yoo yeroo ammaa sanadoota hin qabne ta'e booda dhiyeessuu dandeessu. Eegduu keessan wajjin haasa'aa. Eegduun keessan sanadoota sana akka argattan isin gargaaruu fi yeroon aangawootaaf akka qooddan isin gargaaruu danda’u.

Dirqama keessan guutuu yoo dadhabdan hatattamaan eegduu keessan fi hojjettoota waajjira kooluugaltummaatti himaa sababa isaas ibsaa.





# Dirqama koo yoon bahuu dadhabe maaltu ta'a?





Yoo dirqama keessan hin baane, iyyanni keessan hubamuu danda'a.

Mirgaa fi tajaajila deeggarsa ani ibse tokko tokko dhabuu dandeessu.

Adeemsi kooluugaltummaa keessan yoo dirqama keessan hin baane dhaabbachuu ykn didamuu ni danda'a, fakkeenyaaf yoo:

- gaaffii aangawoota irraa dhiyaateef deebii hin kennitan ta'e, ykn
- ashaaraa quba keessan akka fudhatan hin eeyyamtan ta'e, ykn
- bakka jiraattanii eeyyama malee baatan.

Haala akkasii keessatti aangawoonni iyyata keessan irratti fedhii guddaa akka hin qabnetti yaadu. Iyyataa ta'uu dhiistanii deeggarsa kennamu hunda ni dhabdu.



Yoo waa’ee ofii ykn seenaa keessan dhugaa aangawootatti hin himne ykn odeeffannoo barbaachisaa dhoksitan ykn itti yaaddanii sanadoota keessan balleessitan, iyyanni keessan fudhatama dhabuu fi kooluugaltummaa isiniif kennamuu dhiisuu danda’a.




Yeroo booda aangawoonni yeroo adeemsa kooluugaltummaatti dhugaa akka hin dubbanne yoo baran, kooluugaltummaan isin irraa fudhatamuu danda’a.






Wantoota barbaachisoo beekuu qabdan isiniif ibseera. Eegduun keessan fi aangawoonni yeroo adeemsa kooluugaltummaa ibsa dabalataa isiniif kennu.




Yaadadhaa!
Kooluugaltummaa gaafachuun bilisa






# Of eeggannoo godhaa

Namoota oolmaadhaan ykn maallaqaan deeggarsa kennan irraa of eeggannoo godhaa. Yaada badaa qabaachuu danda'u.



Gartokko immoo akka deemtan isin jajjabeessuu danda'u. Garuu kun balaa isiniif qabaachuu waan danda'uuf, bahuu akka hin qabne yaadadhaa.






Namni tokko waan isin hin barbaanne ykn waan dogoggora fakkaatu akka hojjettan isin amansiisuuf yoo yaalan battalumatti eegduu keessan, ykn ga'eessota bakka isin jiraattan sanatti hojjetanitti himaa.



Gara biyya kootti deebi'uu fi iyyata koo dhaabuu yoon barbaade maal gochuun qaba?





Yoo gara biyya keessanitti deebi'uu fi iyyata keessan dhaabuu barbaaddan, eegduu keessan fi aangawootaatti himaa. Nagaadhaan akka deebitan isin gargaaruu danda’u.



## Waan amma ibse kana ilaalchisee gaaffii dabalataa yoo qabaattan, eegduu keessan, aangawoota ykn hojjettoota bakka isin jiraattan sanatti hojjetan gaafadhaa.



Barruun kun kaayyoo odeeffannoo qofaaf kan qophaa'edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. Ejensiin Kooluugaltummaa Gamtaa Awurooppaa (EUAA) qaama ijoo meeshaa kanaa kan kenne yoo ta'u, barruu kana baay'isuu fi jijjiiruun Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa qofaaf EUAA tiin eeyyamameera. EUAA odeeffannoo barruu kana keessatti Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaatiin itti dabalaman sirrii ta'uu, qabiyyee, guutummaa, seera qabeessummaa ykn amanamummaa isaatiif itti gaafatamummaa hin fudhatu EUAA nis ta'e namni EUAA bakka bu'ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo barruu kana keessatti argamutti fayyadamuu danda'uuf itti gaafatamummaa hin qaban.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025